QAJEELFAMA JIRAATTOTAA FI HIRMAATTOTAA
Deebii Tarkaanfiiwwan Federaalaa Kan Dhiheenyaa
GURAANDHALA 2025

Odeeffannoo Barbaachisaa Tarkaanfiiwwan Dhiheenya Kana Mootummaan Federaalaa Fudhateen Home Forward fi Mana Jireenyaa Keessan Irratti Dhiibbaan Akkamii Gahuu Akka Danda'u

## KAFFALTIIN MOOTUMMA A FEDERAALAA NI DHAABBATA

Guraandhala 7, 2025 irraa eegalee mootummaan federaalaa sanada maallaqa federaalaa dhorkuujalqabe kan haqe dha akkasumas manneen murtii lama yeroodhaaf dhorkaa kana dhaabsisaniiru.

Home Forward yeroo ammaa kana tarkaanfiiwwan dhiheenya kana maallaqa federaalaa dhorkuutiin fudhatamaniin dhiibbaan irra **HIN** ga'u, akkuma barametti mana jireenyaa fi sagantaalee keenya hojjechuuf maallaqa barbaachisu argachaa jira.

## AJAJA RAAWWACHIIFTUU

Home Forward dhaabbata federaalaa miti akkasumas kallattiin Ajaji Hojii Raawwachiiftuu (EO) dhiheenya kanaa kan isa hin ilaallane dha. EOn kun dhaabbilee federaalaa kan akka Muummee Mana Jireenyaa fi Misooma Magaalaa (HUD) irratti dhiibbaa kan qabu dha. HUD mana jireenyaa fi sagantaalee Home Forward hedduudhaaf dambiiwwanii fi maallaqa kan kennu dha. Guraandhala 7, 2025 irraa eegalee, jijjiiramni HUD keessatti hojii Home Forward ykn mana jireenyaa keessan irratti dhiibbaa geessisu hin jiru. Jijjiiramni gara fuula duraatti HUD keessatti dhufu karaa ammatti hin beekneen dhiibbaa qabaachuu danda'a.

## WAADAA HOME FORWARD

Home Forward haalli mana keessanii tasgabbaa'aa akka ta'uuf waadaa galeera. Jijjiirama seeraa ykn kasaaraa maallaqaatiin yoo kan nu irraa barbaadamu ta'e male, hojii keenya irratti jijjiirama dhiibbaa hamaa isin irratti qaqqabsiisu HIN raawwannu.

Haalli tasgabbii manaa keessanii dhorku yoo mudate Home Forward odeeffannoo karaa http://www.homeforward.org/ isiniin gahuuf waadaa galeera.

## DUBBATADHAA

Tarkaanfiiwwan federaalaa dhiheenya kana fudhataman irratti yaaddoo yoo qabaattan, qondaaltota keessan filatamaniif qooduun ni dandeessu.

https://www.congress.gov/members/find-your-member

Home Forward Akkaataa Seeraan Hayyamametti Haala Immigireeshinii Malee Nama Hundaaf Mana Jireenyaa Kennuu Itti Fufa